

Ulfa baasuu – baqaqsuu (Abortion procedure – surgical)

Baqaqsuudhaan ulfa baasuun kan ati tahe jedhtee ulfa ittiin of irraa baastuu dha

Tarkaanfiin jalqabaa maree qorichaaf doktora waliin baallama qabachuu dha. Yeroo maree ogeessi fayyaa (doktorri):

- Tartiibni wal'aansa fayyaa kun siif mijjata yoo tahe ni mirkaneessu
- Akkaataa baqaqsuudhaan ulfa baasan ibsu
- Akka barbaachisaa tahetti altrasawund (ultrasound) fi dhiiga qoratamuu siif qindeessu
- Ulfa baasuuf yoo murteessatte tole jechuu keetiif unka itti mallatteessitu siif kennama.
- Ulfa baasuuf haalli qindeessama.

Manni fayyaa tokko tokko guyyuma mareef dhufte ulfa baasuun raawwatama, bakka kaanitti garuu guyyaa kan biro tahuu mala.

Baqaqsanii ulfa baasuuf of qopheessuu

- Baqaqsuu (operation) dursitee sa'aa jahaaf tamboo hin aarsin, hin nyaatin yoken hin dhugin (bishaan illee yoo tahe). Kun yeroo hadoochaa fudhatutti nageenya keetiif jedhamee ti.
- Mana qorichaa sana sa'aa hanga tokko turuuf dursii itti karoorsadhu.
- Qabadhuu dhaqi::
 - Uffata jalee qulqullinaa jijiirrattu (sanitary pads)
 - Xalayaa ittiin wal'aansaaf ergamte (yoo barbaachisaa taheef)
 - Medicare card kee
 - Kaardii Kunuunsa Fayyaa kee (health care card) (ni barbaachisa yoo tahef) fi waan biro manni qorichaa si gaafate
- Nama gara manatti si geessu qineessadhu.

Hadoochoochaa baqaqsanii ulfa baasuuf

Mana yaalichaa irratti hundaawee, akkaataan hadoochaan kennamu kan inni dabalu:

- Hadoochoochaa guutuu (general anaesthetic) – yeroo wal'aanis kun tahu ati of hin beektu
- Qilleensa qorichummaa qabu (nitrous oxide gas) – uruursee kan si raffisu ('twilight sleep') (yeroo dammaqxu, akka si macheessuu jira garuu qalbii si sarbeessa (calm))
- Qaama kee hanga murtoofte hadoochuu (local anaesthetic) – naannoo qaama hormaataa kee lilmeedhaan horaanuudhaan hadoochuu yoken
- Hadoochoochaa naannoo tokko kan of si macheessu (sedation) waliin kennamu.

Tartiiba baqaqsanii ulfa baasuu

Akkaataan baqaqsuu meeshaadhaan xuuxuudhaan ('suction (vacuum) aspiration') tartiiba daqiiqaa 15 gaditti xumuramuu dha.

Tartiibichi akka itti aanu kana:

- Qaamni hormaataa kee suuta jedhee bal'isamaa deemama.
- Hujummoo (tube) qalloon gara gadameessa keetti seenama.
- Ulfichi suuta xuuxamee keessaa baasama.
- An instrument called a curette is used to check if the uterus is empty.
- Meeshaan kan biroon yoo tarii ulfichi bahee xumurame taheef qaama hormaataa keessa seenamee ilaalamu.

Baqaqsanii ulfa baasuudhaan booda

Balaa kulkulaa fi dhukkubbii (infection) hir'isuuf wal'aansa kana godhattee turban lamaaf (yokan guyyoota yertuu hanga dhiigni bahuu dhaabbatutti):

- Bishaan kuustee keessa ciistee hin dhiqatin, garuu yandisaan (shower) dhiqachuu dandeessa.
- Qunnamtii saalaa hin raawwatin
- Bishaan hin daakin.
- Qaama saalaa keessa seenee waan dhiiga xuuxu caalaa wanneen ittiin haxooftee qulquleessitutti gargaarami.

Ulfa baasuudhaan booda gorsa wal'aansaa (medical advice) yoom akka barbaaddan

Walitti fufiinsaan fayyummaan kee ilaalamuuf dokotora fayyaa kee waliin baallama ni qabaatta.

Mana Fayyaa (clinic), GP kee yokan mana yaalaa damee wal'aansa sardamaa deemi yoo:

- Dhiiguun sitti hedduummate (baay'ate)
- Qaamni yoo si ho'e, gube ykna laboobe
- Dhukkubbii jabaa yokan mudhii (garaa) keessa waan si dhukkubu yoo jiraate.

Miidhaa (side effect) fi dhukkuba (complication) ulfa baqaqsanii baasuu

Hireen dhukkubbii qabaatuu (complications) xiqqaa dha garuu baqaqsanii ulfa baasuu keessatti harka dhibba keessaa sadii irratti raawwachuu danda'a. Ulfa baasuu yeroo isaa eegee raawwatameen wal qabatee dhukkubbiiin mudachuu malu hedduu yartuu dha.

Dhukkubbii hamaan (Serious complications) qorichaan ulfa baasuu beekamaa miti; garuu kan inni dabalu kanneen kanaa gadii ti:

Rokkoolee (Complications)	Mallattoo yokan miidhaa (Symptoms or side effects)	Maaltu tahuu qaba?
Dhiigni hedduumminaan bahuu (Haemorrhage) (dhiigni hedduun bahuu; tarii ulfichi qulqullaawee akka hin babin mul'isa)	<ul style="list-style-type: none">• Sa'aa lamaaf walitti aansee sa'aa tokko keessatti dhiiga itti mara (pads) gudguddaa lama guuta• Dhiiga kantare (itite) guiddinni isaa hanga ija xuuxxoo (loomii) xiqqoo gahu ni baha.• Dadhabbi yokan gaggabuun itti dhagahama.	<ul style="list-style-type: none">• Jarjartiin wal'aansa gaafadhu• 000 bilbiluun ambulansii yaammadhu yokan gara mana yaalaa sitti dhiho jiru kan man-sarda (emergency) qabu deemi (ofii keetiin konkolaataa hin oofin; nama kan biro si geessu qabaadhu)• Tarii gadameessa keessaa xuuxuu

Rokkoolee (Complications)	Mallattoo yoken miidhaa (Symptoms or side effects)	Maaltu tahuu qaba?
		<p>barbaachisa taha</p> <ul style="list-style-type: none"> Tarii dhiiga siif kennuu barbaachisa
Dhibee/madaa (Infection)	<p>Tahuu mala (Possible):</p> <ul style="list-style-type: none"> dhukkubbii yoken mudhii (garaa keessa) dhukkubbii dhangalawa kara qaama saalaa hin baramin (abnormal) qaama gubaa (labooba) fever Baay'ee dhiiguu dadhabbi garaa yaasaa haqqisa (balaqqama) 	<ul style="list-style-type: none"> Daddaffiin wal'aansa fayyaa barbaadi Qoricha dhukkubbii si irraa dhorku (antibiotics) argachuuf gara mana fayyaa, GP yoken gara man-sarda (emergency) deemi
Gadameessi miidhamuu (Injury to the uterus) Kun hireen isaa baay'ee xiqqoo dha sababni isaa ulfa baasuun kun beektota fayyaa muuxannoo qabaniin raawwatama	<ul style="list-style-type: none"> Ogeessichi fayyaa adda baasee sitti hima. 	<ul style="list-style-type: none"> Yerosuma daddaaffiidhaan adda baasamee beekamee hogeessa fayaatiin wal'aanama.
Qaama hormaataa miidhuu yoken dadhabsiisuu (Injury to or weakening of the cervix) Kun hireen isaa baay'ee xiqqoo dha sababni isaa ulfa baasuun kun beektota fayyaa muuxannoo qabaniin raawwatama	<ul style="list-style-type: none"> Kun tarii ulfa gara fuul duraa irratti rakkoo ni qabaata. 	<ul style="list-style-type: none"> Yeroo gara fuul duraatti ulfooftu ogeessi ulfaa irraa (gynaecologist) gorsi siif kennama

Odeeffanno Dabalataa

Waraqaan dhugeessa (fact sheet) kun waraqaalee odeessii sadan waa'ee ulfa of irraa baasuu (abortion) kan Qajeelcha Afaan Hiika Fayyaa (Health Translations Directory) keessaa is tokko. Akkasumas maaloo laali:

- Tartiiba ulfa baasuu (Abortion procedure) – Qorichaan (Medication)
- Ulfa baasuu (Abortion)

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne.

© Taligaa Viktoria (State of Victoria), Damee Tajaajila Fayyaa fi Namoomaa, (Department of Health and Human Services), Amajjii 2019.

<<http://healthtranslations.vic.gov.au/>> irratti argama